**DOI:** https://doi.org/10.20372/jdq.v1i2.883
**ISSN: 2226-7522 (Print) and 2305-3372 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dil. Qor.** ***Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2):86-116***
**Fuula Manaa:** https://journals.wgu.edu.et

Qorannoo Asilii

# Yoomessa Taphni Ijoollee Oromoo Maccaa keessatti Taphatamu

Hundumaa Dabalii[1*], Taddasaa Jaallataa[2*], Waaqtolaa Waaqjiraa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Ijoolleen akka garee hawaasaatti jireenya keessatti qooda fudhatan niqabu. Qoodni hawaasummaa kun yoomessa adda addaa keessatti adda addummaa qabaata. Yoomessi taphaa mataasaatiin taphaaf haalli mijataan jiraachuufi dhiisuu, akkasumas, akaakuu tapha ijoolleen taphachuu danda'an murteessa. Fakkeenyaaf yeroofi waqtilee adda addaa keessatti wantootni hawaasni raawwatuu itti gaafatamummaa yookaan qooda adda addaa ijoolleen fudhatan murteessa. Itti gaafatamummaan adda addaa sababii adda addummaa yeroofi waqtileetiin isaan qooddatanii raawwatan, taphoota akkam akkamii taphachuun akka mijatuufi hinmijanne agarsiisa. Kana malees, bakki jireenyaafi oolmaa ijoollees wantoota qoodasaanii murteessan keessa tokko. Bakki jireenyaa magaalaafi baadiyyaa ta'uu waliin kan walqabatu yoota'u, bakki oolmaammoo yeroo boqonnaafi hojii iddoo ijoolleen itti dabarsan ilaallata. Qorannoon kunis ijoolleen Oromoo Maccaa yeroo, waqtiileeniifi bakkeen isaan keessa jiraatan itti gaafatamummaa isaan fudhatan murteessuun tapha isaaniirratti dhiibbaasaan geessisan qorachuurratti xiyyeeffata. Qorannoon kun bu'uura yaadxinoota: tajaajilaa, galumsaafi ijaarsa hawaasummaatiin adeemsifame. Ragaaleen qorannichaas aanaalee Giddaa Ayyaanaa, Gachii, Najjoo, Waayyuu Tuqaafi Jimmaa Gannatiitii ijoollee, maatii ijoolleefi barsiisotarraa sassaabame. Qorannichi ragaalee ijoolleerraa bakka hojii adda addaa hojjetanitti (horii tiksuu, midhaan eeguu, mana eeguu, barumsa baratan), bakkeen taphaa adda addaatti (laga daakaa, dirree kubbaa, naannoo qe'eetti) fi yeroo ga'eeyyii waliin dabarsanitti (galgala galgala maatii keessattifi mana barumsaatti barsiisota waliin) sassaabameen geggeeffame. Kunis daawwannaa, afgaaffiifi marii garee hirmaachisaatiini. Bu'aan xiinxalliin ragaalee kanaas, Oromoo Maccaa keessatti ijoollee yeroo, bakkeeniifi waqtilee adda addaa keessatti taphoota gosa adda addaa akka taphataman agarsiisan. Kunimmoo yoomeessi tapha ijoolleen tapha ijoolleen taphatan akka murteessu mul'isa. Kanaaf, gosoota taphaa ijoolleen Oromoo Maccaa taphatan adda baasuufi guutummaatti hubachuuf yoomessa fuuleffachuun barbaachisaa ta'a.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 09-08-2023
Revised: 22-09-2023
Accepted: 26-11-2023

***Jechoota Ijoo:*** *Yoomessa, Ijoollee, Tapha, Oromoo Maccaa*

**Qorataa Muummee: Hundumaa Dabalii*

*E-mail: hundumao@gmail.com*

Copyright@2023 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

**Seensa**

Hawaasa qorannoowwan ijoollee keessatti taasifaman hunda keessa taphni ijoollee jira. Ta'us garuu aadaatii aadaatti garaagarummaa baay'ee qaba. Hawaasni tapha karaa ofii ofiisaa ilaalurraan kan ka'e, akka itti ga'eeyyii tapha ijoollee ilaalaan walhinfakkaatu. Aadaan ga'eeyyii tapha ijoolleerraan dhiibbaa geessisuu waan danda'uuf, taphni akka bu'aa aadaatti ilaalamuu danda'a. Karaa biraatiinimmoo, ijoolleen tapha taphatan fooyyeessaafi jijjiiraa waan deemaniif, taphni uumama yookaan jijjiirama aadaaf sababa ta'uu danda'a (Gosso, 2010). Taphni ijoollee kun dirreewwaan qorannoo adda addaa keessatti bifa addaa xiyyeeffatamaafi qoratamaa har'a ga'e. Jalqabbiin qorannoo fookloorii ijoollee yookaan taphaa jaarraa 19ffaa keessa yemmuu ta'u, ijoollummaan immoo jalqaba 1960ootaati (Grider 1980, Tucker, 2008, Tucker, 2012). Qorannoon ijoollee yeroo sanaa moodela Darwin isa ijoollummaa akka sadarkaa guddinaa gad aanaa, guutuu hinta'inii, hinqaroominiifi akka sadarkaa qophii gara qaroominaatti ilaalu fuuleffata (Mechling, 1996; Tucker, 2012).

Boodarra ijoolleefi ijoollummaan akkaataa garaagaraa hubatamaafi ibsamaa dhufan. Akkaataa itti ijoolleen ibsaman keessaa ulaagaan umrii isa tokkoodha. Kunis, eenyummaa ijoolleefi guddinaan sadarkaa akkamiirra akka jiraniifi bilchina hangamii akka qaban kan agarsiisuudha (Plastow, 2015). Ulaagaa umriirratti hundaa'uun hiika waliigalaa kennuun kun haalaafi muuxannoo ijoollee ilaalcha keessa waan hingalchineef rakkoo qabaata (Norozi & Moen, 2016). Rakkoolee inni qabu keessaa tokko, ijoolleen hundumtuu umrii walfakkaataarratti guddina qaamaa, hawaasummaafi xiinsammuu walfakkaataa kan hinagarsiifne ta'uudha. Guddinni ijoollee umriirratti utuu hintaane, dhiibbaawwan kan biroo warreen akka, haalleen naannoo, hawaasummaafi aadaarrattis waan hundaa'uuf (Norozi & Moen, 2016), akka hanquutti ilaalamuun mormama.

Ijoolleefi ijoollummaa gama xiinsammuunis ni ilaalamu. Kunis ijoolleefi ijoollummaa guddina ijoollee waliin walqabsiisee kan dhiheessuudha (Prout & James, 1997*)*. Akka hubannoo kanaattii, daa'imni adeemsa guddina uumaamaa (natural growth) keessa darbuun ga'eessummaarra ga'a. Moodellii dagaagina daa'imaa kun, adeemsa guddina uumamaafi hawaasaa walitti kan fidu ta'ee raawwilee ijoollee kanneen akka: fayyadama afaanii, taphafi hariiroo akka agarsiistuu jijjiirama adeemsa guddinaatti ilaala (Prout & James, 1997*)*. Jireenya hawaasummaa ijoolleefi fooyya'iinsa haala hawaasummaa keessatti ijoolleen qabaataniif xiyyeeffannoon hinkennamu.

Qorannoo fookloorii ijoollee keessaatti, 1950$^{oota}$ keessa sassaabbii fookloorii ijoollee dura taasifamaa turerraa bifa adda ta'ee ga'eeyyiirraa sassaabuurra, yoomessa adda addaa keessatti yeroo ijoollee taphatan isaanirraa sassaabuun qorachuu jalqabuun Peter fi Iona Opien boqonnaa haaraa ta'e (Grider, 1980). Kunimmoo, ijoolleen akka gartuu aadaa tokkootti ilaalaman taasise. Ijoollummaanimmoo aadaa yookaan barsiifata gartuu ijoollee jedhamuun kan waliin walqabatuudha. Qorattootni fookloorii barnoota alidilee hiriyyootarraa bifa aadaan argamu fookloorii ijoollee (children's folklore), qo'annoo ijoollee (children's lore) yookaan qo'annoo daa'imaa (childlore) jedhanii waamu. Fooklooriin ijoollee ijoolleen kalaqamee kan ijoolleen waliin qooddatan yookaan gargaaramaniidha. Kanarraa karaa adda ta'een ga'eeyyiinis ijoolleef fookloorii qopheessuu nidanda'u. Kunimmoo fookloorii ijoolleef qophaa'eedha.

Fookloriin ijoollee kan ijoollee uummatanii fayyadaman yookaan ga'eeyyii qopheessaniif qofaa utuu hintaane, ga'eeyyiifi ijoolleen waliin kan uumanis nijiraata. Kanaan walqabsiisee Cieślikowsk (2019) yaada Tucker (2008) fookloorii ijoolleefi fookloorii ijoolleef ga'eeyyiin qophaa'e jettee kaastetti dabalataan ijoolleen hariiroo ga'eeyyii waliin qabaatan keessatti waan ga'eeyyiirraa fudhatanii fooyyeeffatan akka qaban ibsa. Akka Cieślikowsk jedhutti ga'eeyyiin fookloorii ijoollee keessatti hirmaachuun waan gumaachaan waan qabaniifi hirmaannaa ijoolleefi ga'eeyyiin fooklooriin uumamu jira. Kun garuu fookloorii akaakuu sadaffaan ijoolleefi ga'eeyyiin uumamuufi abbummaan isaa qixxee ta'e akka jiraatu kan taasisu utuu hintaane, ijoolleen fookloorii ofiisaanii keessatti dhiibbaa ga'eeyyiirraa dhufu tarsiimoo ofiisaanii fayyadamuun akka mo'atanii kan agarsiisuudha.

Qorannoon fooklooriin ijoollee Afrikaa geggeeffame baay'ee kan jedhamu miti. Qorannoon muraasni hojjetaman fookloorii ijoollee jaarmiyaa hawaasummaa aadaafi duudhaa hawaasaa tursuuf kan fayyadan taasisanii kallattii tajaajilaan kanneen ilaalaniidha (Bronner 1988, Tucker 2008, Tadesse, 2013). Akka ilaalcha kanaatti, fooklooriin ijoollee Afrikaa afaaniin kan daddarbu, ga'eeyyiirraa ijoolleetti kan ce'uufi ijoolleen yeroo hunda dhaaltota aadaafi duudhaati. Kunimmoo, hirmaannaa ijoolleen kalaqqii, hojiirra oolmaa yookaan raawwiifi lufiinsa fookloorii keessatti qaban kan dagatee yookaan xiqqeesse ta'uusaa agarsiisa.

Gama kaaniin immoo hojiilee kallattii warra ijaarsa haala hawaasummaatiin jiran, tajaajilatti dabalataan ga'ee ijoolleen fookloorii uumuufi fooyyeessuuf qaban ilaaluu akka

xiyyeeffatan Tadessen (2013) kaa'eera. Haaluma kanaan, Tadessen (2018), afseenaa himuun (storytelling) wantoota ijoo lama akka of keessa qabu eera. Inni duraa, himuufi dhaggeeffachuu yoo ta'u, inni lammataa immoo, haala yookaan galumsa waliin walqabsiisanii mari'achuu, hiikuufi hubachuudha. Kanaaf, ijoolleen tapha yemmuu taphatan haala keessatti taphatanirratti hundaa'uun karaa ofii isaanii taphicha irra deebi'anii bocaa taphatu. Fooklooriin ijoollee Afrikaa qaama jireenya guyyuu ta'uusaatiin, ijoolleen waliisaaniifi ga'eeyyii wajjiin qooddachuu keessa beekumsa horatu (Finnegan 1967; Kuyvenhoven, 2007; Eder, 2010; Tadesse, 2011, 2014, 2018). Ga'eeyyiin tapha keessatti hirmaachuufi dhabuun walabummaa ijoolleen qabanirraatti dhiibbaa geessisuun haalotni taphaa adda addaa akka jiraatan taasisa. Sims fi Stephens (2005) akka ibsanitti, haalotni fooklooriin keessatti adeemsifamu kunimmoo hurruubummaafi yoomessa fookloorichaa of keessaa qaba. Akka Chudacoff (2007)ttis, fooklooriin ijoollee haalota afur: naannoo yookaan yoommessa, meeshaalee, qooda fudhattootaafi walabummaa taphaa akka of keessaa qabu ibsa. Taphni ijoollee yoomessa adda addaa qaba. Yoomessa taphaan walqabsiisee Tadesse (2013)n hojiileen ijoolleen akka qaama jireenya guyyuutti mana, bakka tikaafi mana barnootaatti hojjetan taphasaaniif yoomessa bakkaa ta'uu eera. Ijoolleen galgala galgala yeroo ga'eeyyii waliin qabaatan keessattiifi guyyaa guyyaa waliisaanii wajjin bakkeen horii tiksanitti taphoota adda addaa taphatu jedha. Mana barnootattis yeroon boqonnaa ijoollee yoomessa yeroo tapha ta'uu agarsiiseera. Gougoulis (2003) immoo taphoonni ijoolleen mana barumsaatti taphatan gama bakkaa, yeroofi meeshaalee taphaatiin daangeeffamaa akka ta'e ibsiti. Ijoolleen mana barumsaatti bakka taphaaf daanga'eef qofa keessatti yeroo isaanii eyyamametti taphatu. Meeshaalee taphaa fudhatanii mana barumsaa dhaquunis baay'ee hineyyamamuuf. Kanaaf, taphni ijoolleen mana barumsaatti taphatan kan isaan manattiifi naannoo qe'eetti taphatanirra bakka, yeroofi meeshaalee taphaan daangaa qaba jechuudha.

Haala jireenya ijoollee warra dhihaa xiyyeeffachuun Rasmussen (2004), jireenya guyyuu jiraatan keessatti ijoolleen caalmaatti yoomessa sadan: mana jireenyaa, mana barumsaafi bakkeen bashannanaa keessa akka socho'an falma. Yoomessi kun akka "iddoo ijoolleetti ga'eeyyiidhaan akka murtaa'eefi qophaa'eef ibsuun qorannoosaa keessatti garuu, muuxannoofi ibsa ijoolleen yoomessa keessa oolaniif kennanirraa yoomessi oolmaa ijoollee dabalataan of danda'ee akka jiru agarsiise. Kunis, "iddoon ijoollee"

guutummaatti yoomessa idilee ga'eeyyiin kan murtaa'uufi hogganamu qofa utuu hintaane, yoomessa alidilee ga'eeyyiin quba hinqabne akka hammatu agarsiisa.

Bakkeen taphaa akka qaama yoomessatti tapha ijoollee keessatti ga'ee guddaa qaba. Akka Chudacoff (2007)tti, taphni sadarkaa yaadaatti bakka fedhettu taphatamuu kan danda'u yoo ta'eyyuu, yoomessi uumamaa (bosona, lageen, dirreeleefaa), bakkeen hawaasummaa (daandiirra, bakkeen bashannanaafaa)fi manneen jireenyaa (mana keessaafi naannoo qe'ee) yoomessa taphaa ijoo ta'an sadani. Ijoolleen naannoo ofiisaaniitiin hintolchineefi hinhogganne, kan ga'eeyyiitiin hogganamu keessatti guddatu. Naannooma kana keessatti yoomessa taphaaf isaanii ta'u mijeeffatu. Qorannoon kunis ijoolleen Oromoo Maccaa, yoomessa yeroofi bakkaa isaan keessatti taphataniifi hariiroo taphni murtaa'aan tokko yoomessa keessatti taphatamu waliin qabu adda baasuu kan fuuleffatuudha.

**Malleen Qorannichaa**

Qorannichi akka Brewer (2000) akeekutti yoomessa tapha ijoollee qorachuuf, tapha ijoolleen akka qaama jiruufi jireenya isaaniitti yoomessa dhugaa keeessatti taphatan keessatti kallattiin qooda fudhachaa ragaa sassaabbachuun kan adeemsifame waan ta'eef, gosaan sanyaabsaadha. Dhihaannaasaatiin immoo, akkamtaadha. Ragaalee qorannichaa sassaabuuf dirree qorannoo keessa turtii ji'a saddeetii taasiseera. Turtiin kunis yeroo hawaasa naannoo qorannichaa (qaama bulchiinsaa, maatii ijoollee, hoggantoota manneen barnootaa, barsiisotaafi ijoollee) waliin walbaruufi eyyama turtii ragaa sassaabbii argachuu, akkasumas, yeroo ragaalee sassaabuufi mirkaneeffachuu dabalata. Qorataan turtiin dirree qorannoo keessatti taasise, hariiroo ga'eeyyiifi ijoollee waliin uummachuufi tapha ijoolleen haalaa qabatamaa keessatti taphatan keessatti hirmaachuun ragaalee qorannichaa keessoon (insider perspective) hubachuun akka xiinxaluuf isa gargaareera.

Maddi ragaalee qorannichaa madda ragaa tokkoffaadha. Isaanis, ijoollee, maatii ijoollee (firoota, warteessuu dabalatee), maanguddoota tapha ijoolleerratti beekumsa qabaniifi barsiisota. Qorataan aanaalee akka bakka sassaabbii ijootti qorataan filate sadii (Giddaa Ayyaanaa, Gachiifi Najjoo)fi aanaalee akka bakka sassaabbii ragaalee dabalataafi guutiinsaatti gargaarame lamaa (Jimmaa Gannatiifi Waayyuu Tuqaa) keessaan ragaalee qorannichaa sassaabeera. Tokkoo tokkoo aanaalee akka bakkeen ijootti fayyadame sadan keessaa maatiiwwan ja'a ja'a, warreen akka bakkeen ragaalee dabalataafi guutiinsaatti fudhate lamaan keessaammoo maatiiwwan

lama lama waliigalaan maatiiwwan 22 filachuun galgala galgalaafi yeroo boqonnaa tapha ijoolleen ga'eeyyii waliin taphatan daawwachuun ragaa irraa sassaabbatee jira. Aanaalee shanan keessaa ijoollee 196 (shamarran 72, dhiira 124) irraa maatii keessatti, bakkeen taphaafi hojii adda addaatti ragaa sassaabbatee jira. Lakkoofsi kun warreen garee taphaa keessatti miseensa ta'anii taphatanii daawwatamaniifi dhuunfaanis ta'e garee utuu taphatanii afgaaffii gaafataman dabalata. Tooftaan iddatteessuu iddattoowwaan kun ittiin filataman akkayyoofi darbaa dabarsaadha. Bakkeen sassaabbii ragaalee, ijoollee, maatii ijoolleefi barsiisota tooftaa akkaayyootiin qorataan kan filate yoo ta'u, maanguddoota tapha ijoolleerratti beekumsa cimaa qabanimmoo darbaa dabarsaanin filate.

Daawwaannaan tooftaa ragaa sassaabbii isa ijoo qorannoo kanaati. Irra caalaan ragaalee qorannichaa daawwannaa qorataan tapha ijoolleen galgala galgala bakka ga'eeyyiin jiranitti, bakkeen hojiifi taphaa adda addaatti taphatanitti taasiserraan sassaabate. As keessaatti waa'ee yeroo, bakkaafi waqtii taphni itti taphatamuu wantoota ifa naa hintaanefi ibsa/ragaa dabalataa itti barbaadu argachuuf afgaaffii gargaarameera. Kana malees, ilaalcha, fedhii, hubannoo ijoolleefi ga'eeyyiin tapha taphatamaa jiruufi yoomessasaarratti qaban afgaaffiinin iyyaafadhe. Bifa waliigalaan yoomessa taphaa wantoota daangessaniifi sababasaa barsiisota, maatiifi maanguddootaa marii garee xiyyeeffatan sassaabadheen jira.

Adeemsa sassaabbii ragaalee keessatti ragaalee rag-himtootarraa argaman malleen galmeessa ragaalee: yaadannoo dirree fudhachuu, waraabbii sagalee, suursagaleefi suuraa kaasuutti dhimma ba'eera. Ragaalee dirree keessaa yemmuun sassaabu ragaalee bifa sagalee, suursagaleefi suuraaleen fudhachuutti dabalataan, hubannoo, ibsaafi haala yeroo sana argaman bifa yaadannoo dirreetiin barreessaan deeme. Ragaalee guyyaa yookaan galgala tokko bifa sagalee, suursagalee yookaan suuraaleen fudhataman utuun hintursine guyyuma sana barreeffamatti deebisaan deemaa ture. Kunis wantoota dubbatamaniifi gochaa raawwataman barreeffamatti deebisuu dabalata. Adeemsa kana keessatti haalleen dabalataa yaadannoo dirreerratti qabadhes walbira qabeen ittiin jabeessaa deeme. Kana gochuu keessatti bakka ibsi dabalataa nabarbaachisetti rag-himtootarraa yeroo itti aanutti gaafachuun hubannoo fudhachuunin barreessaa deeme.

Taphoota warreen akka oduu durii ijoolleen yoomessa tokko keessatti dabareen kan ofii ofiisaanii walitti himan, taphoota raawwilee adda addaa marsaalee adda addaatiin

taphataman qabaniifi taphoonni baay'een walkeessa yeroo tokkichatti taphatamanfaa garuu gaafuma sassaabaman sana barreeffamatti jijjiiree xumuruun ulfaataa waan tureef, guyyoottan itti aananitti bulfadhee yeroo dabalataa fudhadheen jijjiire. Ragaalee sagaleefi suursagaleen waraabaman irra deddeebiin dhaabaa dhaggeeffachuufi suuraaleefi yaadannoo dirree waliin walbira qabuun ilaalaa hubachuunin barreeffamatti jijjiire. Xiinxallii ragaalee yaadxina bu'ureffataarratti hundaa'uunin geggeesse. Kunis adeemsa sassaabbii keessatti guyyaa jalqabaarraa jalqabee, ragaalee bifa dubbiifi gochaan mul'atan galmeessaa, ibsaafi hiika itti kennaa deemurraa jalqabee ragaalee guyyoota adda addaatti galmeessaa ture irra deddeebiin ergan yaadannoo qabachaa dubbisee booda walitti fiduun ijoowwan (themes) adda baase. Ijoowwan kana rag-himtoota muraasaa waliin mari'achuun sirrummaa isaanii mirkaneesse. Kana booda koodiin itti kenne. Koodii kennamerratti hundaa'uun ijoowwan kanarraammoo yaadrimee adda addaa bu'uuresse. Xumurarratti yaadireewwan kana mata duree adda addaatti qooduun yoomessa taphooni ijoollee keessatti taphatamaniifi walitti dhufeenya taphaafi yoomessichaa agarsiise.

**Dhiheessaafi Xiinxala Ragaalee**

Ijoolleen akka garee hawaasaatti qooda jireenya keessatti fudhatan niqabu. Qoodni hawaasummaa kunimmoo yoomessa adda addaa keessatti adda addummaa qabaata. Qoodni ijoolleen fudhatan mataasaatiin tapha taphachuu danda'uufi dhiisuu, akkasumas, akaakuu tapha isaan taphachuu danda'an murteessa. Fakkeenyaaf yeroofi waqtilee adda addaa keessatti wantoota hawaasni raawwatu ijoolleenis akka miseensa hawaasaatti qooda adda addaa akkasaan fudhatan taasisa. Kunimmoo itti gaafatamummaasaanii ba'achaa taphoota akkam akkamii taphachuun akka mijatuufi hinmijanne murteessa. Kana malees, bakki jireenyaafi oolmaa ijoollees wantoota qoodasaanii murteessan keessa tokko. Bakki jireenyaa magaalaafi baadiyyaa ta'uu waliin kan walqabatu yoota'u, bakki oolmaammoo yeroo boqonnaafi hojii iddoo ijoolleen itti dabarsan ilaallata. Kanaaf, yeroon, waqtiileeniifi bakkeen ijoolleen keessa jiraatan itti gaafatamummaa isaan fudhatan murteessuun tapha isaaniirratti dhiibbaa qabaata. Kunimmoo taphni ijoollee Oromoo Maccaa yoomessa adda addaa akka qabaatu dirqisiisa.

**i. Yeroo Taphaa**

Ijoolleen haalaafi yeroo kamiyyuu keessatti taphachuu nibarbaadu; niyaalus. Dhiibbaan ga'eeyyiirraa dhufu garuu kun akka ta'uuf akka ta'utti hineyyamu. Ga'eeyyiin ijoolleen tapha caalaa hojiif dursa akka kennan barbaadu. Akkan afgaaffii Obbo Dheeressaa waliin gaafa 05/03/2013 taasiseefi marii garee maaguddoota magaalaa Haratoo waliin 03/11/2013 taasiserraa hubadhetti kun kan ta'u sababa lamaafi. Inni jalqabaa ijoolleen tapha yoo baay'isan ga'eeyyii gaafa ta'an, wantoota cimsanii hinilaalan kan jedhuudha. Obbo Dheeressaan dhimma kana "ijoolleen tapha baay'istu guddattee nama guddaa hintaatu; inkachachalti" jechuun ibsu. Inni lammataa immoo yaada Smith (2010) isa "ga'eeyyiin taphni ijoollee hojiirraa kaachisuun balleessa jedhanii yaadu" jedhuun bifa walfakkaatuun, "Itti gaafatamummaa isaanii haalaan hinba'an" kan jedhuudha. Utuu hojii hojjetanii taphatti fiigu. Yeroo akkasiimmoo hojichi nimiidhama jedhu. Kanaaf, ga'eeyyiin ijoolleen tapha caalaa hojiif yeroo baay'ee kennanii akka hojjetan fedhuurraan kanka'e yeroo taphaa daangessu.

Ga'eeyyiin yeroo ijoolleen itti taphachuu qaban kan daangessan yoo ta'eyyuu ijoolleen carraa argatan hundaan nitaphatu. Galgala galgala maatii keessatti keesumaa baadiyyaatti ijoolleen taphachaa waarisiisu. Oromoon Maccaa baadiyyaa jiraatu guutummaatti bifa jedhamuu danda'uun miidhan oomshuufi horii horsiisuun jireenyasaa geggeeffata. Hojiin kunimmoo guyyaa hojjetama. Kanaaf, galgalli yeroo boqonnaa ta'a. Ijoolleenis guyyaa ga'eeyyii hojii gargaaraa oolanii galgala hojiirraa walaba ta'u. Hojiin waan hinjirreef taphachuuf eyyama argatu. Ga'eeyyiinis gaaffii ijoolleen yookaan tapha ijoollee daawwatanii itti bohaaruu keessa itti hawwatamanii keessatti hirmaachuu danda'u. Kana jechuun garuu ijoolleen baadiyyaa jiraatan guyyaa tapha hintaphatan jechuu miti. Taphooni isaan guyyaa taphatan hojii hojjetan waliin kan walqabatuufi bakka hojiitti hojii hojjechaa kan taphatamuudha. Yeroo baay'ee taphoota guyyaa taphataman keessatti qooda fudhannaan ga'eeyyii akka hinjirre daawwannaa turtii yeroo dirree taasiserraa hubadheera.

Ragaaleen turtii magaalota bakkeen qorannookoo keessa jiran keessatti taasiseen argadhemmoo, faallaa maatiiwwan baadiyyaa jiraataaniin warri magaalaa irra caalaan isaanii hojjettoota mootummaafi daldaaltota ta'uu agarsiisu. Kanaaf galgala galgala hojii isaanii dabalataan manatti fidanii hojjetu. Kana malees, ibsaan eleektirikaa jiraachuurraan kan ka'e midiyaaleee adda addaa hordofu. Ijoolleen magaalaa jiraatan hojiin isaanii inni guddaan barachuu waan ta'eef, ibsa eleektirikaa jirutti

fayyadamuun barnoota barataa oolan qo'achuu yookaan hoj-manee hojjechuutu irraa eegama. Ga'eeyyiinis hojii waan hojjetaniif yookaan midiyaa hordofuuf, ijoolleen yoo hojii hin qabannee akka callisanii taa'an, midiyaalee isaan waliin akka hordofan yookaan rafan taasisu. Kanarraa kan hafe gochi kan biraan, tapha dabalatee, akka jeequmsaatti fudhatama. Sababoota kanaaf galgala carraan ijoolleen taphachuudhaaf qaban xiqqaadha. Guyyaa guyyaa garuu, ijoolleen yeroo barumsaan alattii irra caalaa taphaan dabarsu. Hojii hojjechaas nitaphatu.

**a. Taphoota Galgala GalgalaTaphataman**

Bakkeen galgalli hojiif hinmijanneefi hojiin hinjirretti ijoolleen carraa walabaan taphachuu argatu. Taphoota galgala taphataman akka kanaa gadiitti xiinxaleera.

**Hibboo**

Hibboon taphoota ijoollee galgala galgala bifa gaaffiifi deebiin taphataman keessaa tokkoodha. Afgaaffii mana obbo Raggaasaatti gaafa 15/04/2013 galgala yeroo daawwannaa tapha ijoollee maatii waliin taasise keessatti Aadde Naccoon hibboon maaliif galgala akka taphamu gaafatamnii "hibboon galgala yeroo walitti baayyatanii taa'an taphatama. Guyyaa ijoolleen hojii waan hojjetaniif yeroo taa'anii taphatan hinqaban. Guyyaa yoo taphatan 'waraabessatu nama nyaatas' jedhama. Kanaaf, ijoollee guyyaa taphachuu insodaatu" deebii jedhu kennan. Dejenenis qorannoosaa hibboo Oromoo Walisoorratti bara 2014 taasise keessatti hibboon guyyaa yoo taphatame "ijatu nama jaama" akka jedhamu kaasera. Bifuma walfakkaatuun, Aanaa Gachii ganda Golee Qorraa bakka re'ee tiksanitti gaafa 07/06/2013 tapha taphachaa turan keessatti Toofiq Bilaaliin hibboo hibbifannaan hibboon guyyaa hintaphatamu jedhee didee biraa deeme. Toofiq "Hibboo" jedhee yemmuu afeeru, Bilaalimmoo "hibboon guyyaa hinjiru, eebbootti si haadiru" jedhee biraa deeme. Kanarraa namni guyyaa hibboo taphanna jedhee isaan gaafatu ijoollee akka nama isaan dogoggorsaa jiruutti waan fudhataniif akka arrabsanii diddaasaaniitiin yeroon yeroo taphichaa akka hintaane akka agarsiisantu ifa.

Kana malees, hibboon qofa qofa, hurrubummaa malee akka hintaphatamne; hurrubummaan kunimmoo galgala yeroo hojiin hinjirre kan umaamu ta'uusaatiin hibboon galgala akka taphatamu agarsiisa. Dabalataan, amantaan hibboo guyyaa yoo taphatan waraabessatu nama nyaata yookaan ijatu nama jaama jedhu ijoollee guyyaa taphachuu sodaatanii galgala qofa akka taphatan akka dirqisiisu agarsiisa. Kunis tooftaa ittiin ga'eeyyii ijoollee guyyaa hojii hojjechuu malee hibboo walhibbifatanii akka hintaphanne karaa kallattii hintaanee dhiibbaa geessisaniidha.

Faallaa kanaatiin, afgaaffii barsiisaa Tasfaayee waliin magaalaa Giddaatti gaafa 22/05/2013fi barsiistuu Margituu waliin 10/08/2013 magaalaa Najjootti taasiserraa yeroo ammaa taphni hibboo barnoota Afaan Oromoofi Aadaa keessatti hammatamuusaatiin ijoolleen guyyaa daree keessatti akka taphachaa barataniifi daree alattis isa baratan akka walhibbifatan hubadheera. Dhimma kana Dejenen bifa walfakkaatuun, ijoolleen hibboo erga hojii guyyaa hojjechuu qaban raawwatanii booda galgala akka taphatan eyyamamaaf jedha. Yeroo ammaa garuu haalli kun mana barumsaatti barsiisonni barattoota barsiisuuf hibboo, oduu duriifi makmaaksotafaa fayyadamuurraan kan ka'e akka jijjiirame ibseera. Kanaaf, barsiisonni kutaa keessatti yeroo hunda akka daddamqsiituutti ijoollee akka hibboo wal hibbifataniif afoola adda adda akka dhiheessan taasisu jedha. Hibboo ijoolleen walhibbifatan kana gargaaramanis beekumsa ijoolleetti akka dabarsaniifi amala isaanii sirreessuuf akka dhimma itti ba'an ibse (2014). Kanaaf, hibboo barsiisonni akka tooftaa si'eessituufi mala barsiisuutti fayyadamaa turuufi yeroo ammaammoo akka qabiyyeetti sirna barnootaa keessatti hammatamuunsaa ijoollee sodaa malee guyyaa akka taphatan godhee daangaa yeroo taphicharra jiru hambisaa jira. Karaa biraatiin, guyyaa guyyaa ijoolleen ga'eeyyii hojii gargaaruun alatti barnootni akka ga'ee jireenyaa tokkootti fudhatamaa dhufuu isaatiin, guyyaa yeroo itti ga'eeyyii hojii gargaaranitti dabalataan yeroo ijoolleen ofii isaaniitiifis yeroo qabaatanii yericha sodaa malee taphaaf oolfachuu danda'uu agarsiisa.

Daawwannaa aanaa Giddaa Ayyaanaa ganda Ejeree mana Obbo Raggaasaatti gaafa 15/04/2013 galgala taasise keessatti tapha ijoolleen taphataa turan keessaa hibboon isa yeroo dheeraa fudhate ture. Ijoolleen utuma taa'aa jiranii, gidduutti Rabbirraan "jalqabika" utuu jedhuu dhaga'een qalbiikoo yemmuun achi deebisu Siifan hibboo hibbifachuu jalqabde.

Siifan: Hibboo
Tokkummaa: hibbaka
Siifan: Anoo asin sikaa'ee maalti achi sikaa'e?
Tokkummaa: Buqqee lo'u
Siifan: argatteetta. Ammammoo nagaafadhu
Tokkummaa: Hibboo
Siifan: Hibbaka
Tokkummaa: Anoo ergaan dhaqaa ati eessa dhaqxa?
Siifan: Gaaddidduu
Tokkummaa: Argatteetta; amma immoo Rabbirraan gaafadha. Hibboo Rabbirra
Rabbirraa: Hibbaka
Tokkummaa: Ayyoo ko'eettiin bukoo lafatti bukeessiti.
Rabbirraa: Indaaqqoo
Tokkummaa: miti; naagalchi
Rabbiirraa: Daammuu (takka yaadee yaadee dubbate)

Tokkummaa: Sirriidha. Atimmoo agaafadhu
Rabbirraa: Hibboo
Tokkummaa: Hibbaka
Rabbirraa: Adeemsa gala hinqabne.
Tokkummaa: Biyyaa ba'uu
Rabbiirraa: Hinbarre; naagalchi
Tokkummaa: Du'a (baay'ee itti yaadaa ture dubbate)
Rabbirraa: Ammayyuu hinarganne; dafi naagalchi
Tokkummaa: Hinbeeku; bassaa dhugi (ammas erga baay'ee itti yaade booda)
Rabbirraa: Ati bassituudha; ani kakkassituudha
Situ bassee goboxaa'ee anatu dhugee ol utaalee
Ol utaalee gorroo caalee
Gamakoo bassaatu yaa'aa
Gamakee faandootu yaa'aa
Gamakoo xaaxessaa dhaabe
Gamakee raatessaa dhaabee
Karrakee hanxaxiin cufee
Karrakoo danqaraan cufee
Gufuu guggguuftuu jala ba'ii
Utuu dhudhuuftuu ganna ba'ii
Karaa mana Garbii
Lafa jala darbii
Handaqirra ciisii
Albaatii gad dhiisii
Fardi hindannabsuu
Ani kana caalaa si hin arrabsuu
Waraabessi adda booqaa si haasallassuu.
Deebiinsaa Yaadaan deemuu/baduudha.

Akkuma tapha kanarra mul'atu, kan hibbifatuufi deebisu ga'ee waljijjiiruun dabaree waliikennaa deemu. Namni lama yeroo walgaafatu warri kaanimmoo taa'anii dhaggeeffatu. Dhaggeeffachuu qofaa utuu hintaane, yeroo namni gaafatamu deebii sirrii hintaane deebisuu, isa hibbifate gargaaranii akka deebiinsaa sirrii hintaane itti himu, yeroonni arrabsamu itti qoosanii kolfu. Yeroonni deebii sirrii argatummoo jajanii gammaduuf. Dabaree hibbifachuufi deebisuu warra dhaggeeffachaa jiraniin ga'uuf, namoota walhibbifachaa jiran keessa inni hibbifatu yoo mo'e yeroo fedhetti abba barbaade maqaa dhahee "hibboo" jechuun afeeree hibbifata. Yoo namni hibbifatame deebii sirrii deebisemmoo ofii nama hibbifatu ta'ee innis nama fedhe filee afeera. Yeroo nama fedhan maqaa dhahanii filatan, caalaatti hibboo sana hinbeeku yookaan deebisuu hindanda'u jedhanii nama yaadan filatu. Sababiinsaas, namni hibbifatamu sun deebisuu yoo dadhabe namni hibbifatu sun nama jabaafi dorgommii mo'atetti ilaalamuun mirga nama mo'ame yookaan deebisuu dadhabe arrabsuu argata. Kana malees, ammas carraa itti fufee hibbifachuu argachuun adeemsa taphichaa keessa tura. Altokko tokko garuu ijoolleen taa'aanii dhaggeefatan "ammammoo anaan gaafadhu, anaan gaafadhu" jechuun carraa hibbifatamuu walsaamaa gaafatu. Kunimmoo, beekumsa hibboo yookaan dandeettii deebisuu danda'uu isaaniitiin mirgi hirmaannaasaanii akka hindaangeffamne akkaataasaan itti falmatan jiraachuu agarsiisa. Akkasiin dabaree walga'anii hunda hirmaachisu.

Ragaaleen daawwannaan argadhe, harki caalaan ijoollee deebii hibboo gaafatamanii sirriitti kan deebisan ta'uudha. Kunis hibboo galgala galgala yeroo baay'ee deddeebisaanii waan taphataniif baay'een haaraa akka itti hintaane mul'isa. Kanarra darbee dorgommii sana cimaa taasisee mo'achuuf, namni gaafatu hibboo namni gaafatamu sun hinbeekuu jedhee tilmaamu barbaadee gaafachuu qaba. Namni gaafatamuus mo'amuu jalaa ooluuf irra deddeebi'ee yaadee yaala. Itti yaadee deebii garaagaraa deddeebi'ee fidee argachuu yoo dadhabe malee salphaatti harka hinkennu. Dadhabee yoo harka kenne, deebii deebisuu waan dadhabeef akka adabbiitti dhadhaa bassaa "bassaa dhugi" jedhee abbaa hibboof kenna. Inni hibboo hibbifatee deebi'uufii dide, hibboo cimaa dhiheessuu isaatiin cimaa ta'ee nama deebisuu dadhabe sana gatii baasiisuusaatiin akka dhaadatu agarsiisa arrabsoon inni arrabsu. Kanarraa namni hibboo deebisuu dadhabe carraa gaafatamuuf qabu balleessuusaatiin daawwataa ta'uufi gatii baasuunis adabamee dabalataan akka arrabsamutu hubatama. Arrabsoon sun walitti dhufeenya isaanii akka hinmiineef inni hibbifatee mo'ate dhumarratti miira arrabsoon ho'e "kana caalaa sinarrabsu" jedhee tasgabbeessuun araarfatee deebii hibbichaa itti himuun xumura.

Karaa biraatiin taphni kun deebiin hibboo dhaabbataa/murtaa'aa ta'uu agarsiisa. Kana jechuun, deebii hibboo ta'uu kan danda'u kan gaafataan beekuu malee wanti kanbiraa deebii ta'uu hindanda'u jechuudha. Deebii yeroo hibboon sun kalaqamuu akka deebiitti yaadameen ala deebiin biraan deebii ta'uu danda'u yoo dhihaate fudhatama hinqabu yookaan deebii hinta'u. Hibboon tokko carraa deebii lama qabaachuu hinqabu jechuudha. Hibboo Rabbirraan "Adeemsa gala hinqabne" jedhee gaafateef, deebii Tokkummaan "du'a" jedhee kenne carraa deebii sirrii ta'uun fudhatamuu dhabuunsaa kana agarsiisa.

**Jimmaa Jimmitee**

Bakka ijoolleen jiran hunda taphni jira. Walgeenyaan itti yaadaniis utuu itti hinyaadnis tapha jalqabu. Jimmaa jimmiteenis tapha ijoolleen galgala galgala yemmuu walga'anii manatti taphataniidha. Tapha kana keessatti ijoolleen dabaree dabareen wal gaafatu/hogganu. Maatiin ijoollees tapha kana yeroo ijoolleen taphatan akka daawwattootaatti nihirmaatu. Nama mo'ametti kolfu. Altokko tokko taajjabbii isaanii dubbatu. Namni hogganu/taphachiisu "Jimmaa Jimmiitee" jedhee taphicha yoo jalqabu warri kaanimmoo walfaana "jijim" jedhu.

Aanaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuu mana Obbo Olaanaatti gaafa 03/08/2013 galgala jimmaa jimmitee ijoolleen utuu

taphatanii daawwadheera. Galgala galgala ijoolleefi ga'eeyyiin walga'anii irbaata dura buna dhugaa taphachaa waarisiisu. Namootni guguddaan waa'ee hojii hojjetaa oolanii haasa'aa utuu jiranii Daggafaan "jimmaa jimmitee" jennaan warri kaan walfaana "jijim" jedhanii callisan. Ijoolleen jimmaa jimmitee isaanii taphachuu itti fufan.

Daggafaa: jimmaa jimmitee
Ijoollee kaan: jijim
Daggafaa: madaa waraabessaa
Ijoollee kaan: jijim
Daggafaa: madaa jaldeessaa
Ijoollee kaan: jijim
Daggafaa: madaa qeerransaa
Ijoollee kaan: jijim
Daggafaa: madaa waldiigessaa
Ijoollee kaan: jijim
Daggafaa: madaa harree
Ijoollee kaan: jijim
Daggafaa: madaa gaangee
Ijoollee kaan: jijim
Daggafaa: madaa xaddee
Ijoollee kaan: jijim
Daggafaa: kuukuluu! amma indaanqoonkoo baarii gama geessee deebitutti namni dubbate madaa bineensota kanaa guuboo sagaltama nyaata. (manni hunduu nicallise)

Ijoolleen hundumtuu walkolfisiisuuf hidhii jabeessanii ciniinatanii ija ija keessa wal ilaalu. Kana gidduutti Guutameen isan kolfaan wal'aansoo qabaa jiru ilaaltee ofiisheef sagalee dhageessistee kolfite. Hunduu walfaana, "madaa guboo sagaltama nyaatte" jedhanii furamuu isaaniittis gammadaa itti kolfuu jalqaban.

Ragaa olii kanarraa akkuma mul'atu, namni taphicha hogganu madaa bineensota adda adda waamaa yemmuu deemu ijoolleen kaan "jijim" jedhanii jalaa qabaa deemu. "jijim" jechuunsaanii dubbii hoomtuu hinjiraatu callisa jechuudha. Kunis madaa inni maqaa dha'ee akka adabbii callisa cabsuutti murteessuuf deemutti dhaga'anii waliigaluuf qophaa'oo ta'uu agarsiisa. Adabbiin kunis (madaa guuboo sagaltama) ijoolleen utuu hindubbatin yookaan hinkolfin yeroo murtaa'eef (amma indaanqoonsaa baarii geessee deebitutti) yoo turuu dadhaban kan muramuudha. Bineensonni maqaa dhahaman warra foonisaanii hinnyaatamneefi bifa adda addaan miidhaa namarraan ga'anii ta'uun, isumayyuu raqaasanii nyaachisuun adabbiin sun ulfaataa ta'uu agarsiisa.

Tapha kana keessatti yeroon kaa'ame dhumee hinargine. Kanaaf dheera yerichaa tilmaamuu waan danda'amu miti. Yeroon kenname kun dhumuu baatus namni hangi inni obsu murtaa'aa waan ta'eef, muddama sana namni obsuu dadhabee callisa ajajame cabsee mo'ame xumura taphichaaf sababa ta'a. Namoonni haalleen akka isaan dubbatan yookan kolfan dirqisiisu keessa obsanii callisanii turanimmoo taphicha mo'atu. Mo'uunsaanii garuu mo'amuu nama tokkoon

kan argame malee, yeroo kenname sana callisaan fiixuusaaniin miti. Namni mo'ame raqa yookaan madaa safaraan himamee irratti waliigalame nyaata. Madaa hanga jedhame baay'atu, madaa bineensota fayyaattu hinnyaatamne, sana nyaachuusaatiin immoo itti kolfama. Raqa kana nyaachuun, obsa dhabuun yookaan haalleen rakkisoo mudatan keessatti miira ofii to'achuu dadhabuun waliigaltee diiguun waan hinmalleen, jibbisiisaafi hawaasa biratti ciiggasisaa ta'een rukutamuu yookaan adabamuuf akka mallattummaatti dhaabbata.

Mucaan taphicha hogganu callisni sun jalqabuu labsee, "kuukuluu" jedhee iyya indaaqqoo dhageessisee hanga indaaqqoonsaa Baarii geessee deebitee akkas jettee iyyitutti akka turu hima. Iyyi indaaqqoo barii lafaa akkuma labsuun callisa hirribaa keessaa dammaqsu, indaaqqoo Baarii geessee deebitee yoo iyyite qofa callisa kanarraa furamu ijoolleen kun. Iyyi indaaqqoo kun yeroo xumura taphaa agarsiisuuf kaa'amuun yeroon taphni kun taphataa jiru galgala ta'uufi barii (yeroo xumura callisaa yookaan dukkanaa)tiif akka mallatummaatti dhaabbata jechuudha.

**b. Taphoota Guyyaa Taphataman**

Ijoolleen guyyaa guyyaa haalleen adda addaa keessatti tapha walii isaanii wajjin nitaphatu. Taphoonni guyyaa taphataman kun kanneen galgala taphachuuf hinmijanneefi hojii isaan guyyaa keessatti hirmaatan waliin kanneen walqabataniidha. Taphoonni ijoolleen guyyaa walii isaanii wajjin taphatan baay'een isaanii haala qilleensa guyyaa sana jiru waliin kanneen walqabatan, yeroon hojii dafee akka darbu kanneen tumsaniifi ijoollee maatii adda addaarraa walitti dhufan gidduutti adeemsifamuun kanneen beekamaniidha.

**Yaa aduu ba'i ba'i**

Ijoollee xixiqqoon naannoo manaa taphatan tapha isaanii haala qilleensa jiruu waliin walqabsiisanii yeroo taphatan nijira. Haalli qilleensaa isaan keessa jiran qorra/duumessa yoo ta'ee tapha isaaniin ho'a/aduu, yoo aduu ta'emmoo bokkaa waamu. Fakkeenyaaf daawwaannaa gaafa 20/11/2013 ganama tiifuu bokkaa keessa aanaa Waayyuu Tuqaa ganda Burqaa Baabbuutti tapha ijoolleen naannoo mana jireenya isaaniitti taphatanirratti taasiseen ijoollee shan ta'anii fuuldura manaatti walqabatanii "yaa aduu ba'i ba'i, ijoollee gammoojjii badduu baasii ba'i" jechaa ol utaalanii weeddisan hordofeera.

Taphni kun tiifuu keessa ta'uusaatiin qilleensi ture qorraadha. Ijoolleen tapha kanaan qorraa jiru miliquuf taphatu. Sochiin qaamaa isaan taasisan (walqabatanii ol u'utaalanii sirbuun) qaamni isaanii ho'a maddisiisee akka qorra danda'amatan isan taasisa. Weedduu isaaniitiinimmoo aduun dhuftee/baatee ho'a isheen akka qorra ariituuf waamu. Kanaaf

haala qilleensaa keessa jiranirraa ka'e ho'i isaan barbaachisuufi sana argachuufimmoo madda ho'aa yookaan aduutti ho'ashee fiddeefii akka mul'atuuf bifa weedduu waamicha dhiheessuuf. Waamicha kanaf utaalchaan itti olsiqaa aduunis akka itti gadi itti dhuftuu bifa hawwachuu fakkaatuun taasisu. Kunimmoo abdii aduun inbaati jedhutti dabalamee ho'a argamsiisaaf. Tapha kana yeroo yeroo qorraafi ho'a isaan barbaachisu hunda nitaphatu jechuudha. Aduun kan baatu guyyaa waanta'eef taphni aduun akka baatuuf afeeru kan guyyaa taphatamuudha jechuudha.

**Injiraan Awwaaluu**

Ijoolleen guyyaa guyyaa hojii adda addaa keessatti qooda fudhatu. Hojiiwwan tokko tokko qofaa yookaan nama muraasa ta'anii hojjetu. Hojiin akkasii baay'atee yookaan itti ulfaatee isaan dadhabsiisuu danda'a. Yookaanimmoo yeroo dheeraa fudhatee bakka tokko tursiisuun nuffisiisuu danda'a. Yeroo akkasii haala sana keessaa dafanii ba'uu yookaan yeroon sun akka dafee dhumee aduun dhihee galan barbaadu.

Daawwannaa gaafa 03/10/2013 aanaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuutti laga Alaltuutti Tolaafi Nuuraan utuu sa'a waliin tiksanii taa'anii ulee isaaniin lafa qotuuyyuun argee dhaqee bira taa'e. Yemmuun dhaqee bira taa'u, kokkolfuu jalqaban. Maal kolfitu jedhee gaafannaan ammas cal jedhanii kolfan. Hoomaa natti himuu didnaan "maaliif lafa qottu?" jedhee gaafadhe. Nuuraan "ofumaati" naan jedhe. Isa ani jedhu akka nama hindhageenyee "eessa keesse?" jedhee waa gaafate Tolaan. Nuuraanis "kunooti dhagaa kana jala jira" jedhee dhagaa xiqqaa battee tokko itti agarsiisee. Maaltu jira dhagicha jala jedhee fuudhuuf jennaan "dhiisaa, dhiisaa" naan jedhan walfaana.  Ammas maaltu jiran jedhe. "injiraan" naan jedhe Nuuraan. Maal gootu jennaan "as keessa awwaalla" naan jedhe. Maaliif jennaan "akka aduun dafee dhihuuf" jedhe. "Dhiheehoo" ittiin jennaan, Tolaan "dafeen manatti gallee boqonnaka" jedhe. Injiraan essaa fiddaan jedhee gaafannaan, Tolaan "mataa Nuuraa keessaa injirre" jedhe. Nuuraanis kolfa "insoba mataasaa keessaa injirre" jedhe.

Kanarraa ijoolleen guyyaan itti dheerate dafee dhiheefii manatti akka galaniif injiraan mataa isaanii keessaa funaananii boolla qotaanii akka awwaalantu hubatama. As keessaatti ijoolleen mataa isaanii keessaa injiraan funaanuufi boolla qotuutti baay'ee ko'ommatanii hojjetu. Kunimmoo dheerina yeroo isaan dabarsaa jiranii dagachiisee waan yeroon ariifate itti fakkeessa. Kanaaf taphni kun guyyaa dheeraa nuffisiisaa dagachiisuun salphiisuufiitti dabalataan rifeensa mataasaanii qulqullinaan akka qabatan tumsa jechuudha.

**c. Tapha Waqtiileen**

Qooddiin waqtilee haala qilleensaarratti hundaa'a. Haalli qilleensaammoo hojii yeroo sanatti hojjetamu, akkamitti akka hojjetamu, maal akka uffatamu, baay'inaan maal akka nyaatamufaa murteessu. Kunimmoo waqtiileen akkaataa jiruufi jireenyaarratti dhiibba qabaachuu isaanii agarsiisa. Qaama jiruufi jireenyaa kan ta'e tapha ijoolleerraanis dhiibbaa nigeessisu. Ijoolleef taphni qaama jireenyasaaniiti. Hariiroon isaan ga'eeyyii wajjin qaban garuu taphatti dabalataan qooda kan biraa akka qabaatan isaan dirqisiisa. Kanaaf, ijoolleen tapha taphachuun alatti itti gaafatamummaa ga'eeyyiin qoodaniif qabu jechuudha. Itti gaafatamummaa kana yemmuu fudhatan garuu guutummaatti tapharraa fagaatanii miti. Hojii kennameef hojjechaa tapha isaaniis taphatu. Walumaagalatti, ijoolleen tapha addatti taphachuu yookaan hojii hojjechaa taphachuu danda'u jechuudha.

Taphootni hojii waliin walhinqabanne yoo haalli qilleensaa dhiibbaa irratti hinqabu ta'e waqtiileen hindaangeffaman. Taphoonni akkasii baay'een isaanii isaan mana keessatti taphatamaniidha. Fakkeenyaaf hibboonfaa mana keessatti waan taphatamaniif, galgala galgala waqtii kamiyyuu keessatti taphatamuu danda'u. Taphoonni alatti taphatamaniifi hojii hojjechaa taphataman baay'een isaanii haala qilleensaafi hojii waqtii ta'e keessatti hojjetamuun dhiibbaan waan irra ga'uuf waqtii keessatti taphachuuf mijatu qofaa keessatti taphatamu jechuudha. Kanaaf, taphni ijoollee Oromoo Maccaa kanneen waqtiilee eeggatanii taphataman jiru jechuudha.

**Taphoota Ganna Taphataman**

Taphoonni waqtii gannaa keessa taphataman baay'inaan warreen sochii qaamaa waliin walqabataniidha. Sababiinsaas, roobni roobee lafti jiidhee marga waan qabuuf ijoolleen yoo kufan hinmiidhaman. Daawwannaa turtii dirree qorannoo keessatti taasiserraa akkan hubadhetti, taphoonni ganna taphataman warreen akka wal'aansoo, dhiitichoo, wal'ariisaafi tuulloofa'i. Taphoota kana yeroo taphatan kufuu yookaan wal kuffisuu waan of keessaa qabaniif ganna taphachuun miidhama kanarraa dhufu hambisa. Kana malees, roobni rooburraan kan ka'e bishaan bakka hundumaa jiraachuun taphootanni mijaatuufis nijiru. Fakkeenyaaf roobee lola'ee dirreerra yeroo bishaanni ciisu, ijoollee keessa fiiganii miillaafii harkaan yookaan uleen rukutanii walitti facaasanii taphatu. Bishaan walitti facaasan kanaan uffataafi qaama walii jiisanii tortorsuurra darbanii, fuulatti wal facaasanii ija, funyaaniifi afaanitti yemmuu nam'u jonja'anii kukkufu. Miira kanarraa uumamutti gammadanii kolfu.

Roobni ganna roobu yaatuwwaniifi lageen hangi bishaan isaan qabanii akka dabalu waan

godhuuf ijoollee baay'inaan daakaa daaku. Ijoollee xixiqqoon baay'inaan yaatuuwwan bishaan isaanii humna isaanii ol hintaaneefi lageenimmoo gara tuujjuba hintaane daakuun lageen gurguddoo ta'an daakuu itti shaakalu. Ijoollee xixiqqoon warra gurguddaa wajjin bishaan daakuu hinfilatani. Gara tuujjubaatti geessuun akka bishaanin liqimsaman godhanii waan itti kolfaniif. Daawwannaa gaafa 04/10/2013/magaalaa Najjoo laga Alaltuu bakka daakaa Gafaree jedhamutti taasiseen, Abraam (umrii 15) Nuuraa (umrii 7) “kottu sin daaksisaa” jedhee waamee harka lamaan diriirsee garaa Nuuraa jala qabee bakka tuujjubaatti geessee utuu daaksisaa jiruu harkasaa jalaa fudhate. Yeroonni harka jalaa fudhatu Nuuraan tuujjuba keessa dhidhime. Ana dabalatee ijoollee achi jiran naanee yeroo itti wacnu, Abraamiifi gareensaa warri gurguddaan ijoolleen warri kaan muuxannoo kana akka qaban bifa fakkaatuun gara kootti garagalanii ana amansiisuuf “hoomaan hinta'uum, inba'a, inba'a” jedhan. Achii Nuuraa karaa seennerraa gadi siqee mataa urgufachaa yemmuu mul'atu Abraam qabee baase. Achii Nuuraa afaaniifi funyaan isaan bishaan coccobsee joonjiin erga irraa galee booda boo'aa uffatasaa uffatee galuuf karaarra bu'ee qajeele.

Kana maleees, ijoolleen yeroo uffata baafatanii daakuuf bishaanitti nam'an waljala deebi'anii uffata waliin waldhoksanii walrakkisuunis qaama tapha laga daakaati. Kanas, daawwannaan gaafa 05/10/203 laguma Gafaree kanatti taasiseen hubadheera. Gaafas Caalaan (umrii 8) uffataa isaa akkuma warra kaanii ofirraa baasee diida ka'atee daakuuf yemmuu bishaan seenu, Biqilaan (umrii 13) suuta jedhee sassaabee dhaqee Alaltuufi jajjaba walmakee gobbatee qarqara galaanichaan gara gadii jiru keessa dhokse. Gocha Biqilaa kana Caalaarraa kan hafe ijoollee warri kaan arganii walitti agarsiisaniiru. Daakaanii quufanii hunduu yaa'ee yemmuu uffatasaa uffatu, Caalaan kan ofii dhabe. Barbaadee dhabnaan tokko tokkoon waamee isaan gaafachuu jalqabe. Namni argeera itti jedhu dhibnaan callisee ta'e. Namnuu utuu itti hinhimin hunduu gara gara manasaatti galuu ka'e. Caalaan qullaasaa akkatti galu dhabee bo'aa barbaaduu jalqabe. Erga fagaatanii booda Biqilaan sagalee olkaasee bakka dhokse itti himnaan dhaqee fudhatee isaan biraa hafee qofaa gale. As keessatti Caalaan miira aarii cimaa keessa seenuyyuu walumatti arrabsuu malee eenyuunuu hoomaa gochuu hindandeenye. Aariisaa keessatti qoosaafi baacoo isaan itti agarsiisan obsuu malee fala kan biraa dhabe. Kunimmoo miiraasaa to'atee ijoollee hiriyyootasaa waliin akka taphatuufi jiraatu isa dandeessisa.

Daakaan ganna ijoolleen daakan kun kan bona daakanirraa akeeka isaan adda addummaa qaba. Afgaaffii obbo Gaarummaa waliin gaafa 23/04/2013 taasiseen daakaan tapha ijoollee keessaa tokko ta'uu ibsuun "Ganna laga guutee humnaan yaa'u daakaanii dandeettii daakaa cimsatanii daaktuu ta'u. Ijoolleen daakaa baruu qabdi; yoo karaa deeman galaanni itti guutee karaa hinbulani. Bona yeroo caamsaan cimus ijoolleen laga buutee bishaan daaktee qabbaneeffatti. Ijoollee warri daakaa hinbeekne bona bishaan garaa barti" yaada jedhu kennan. Daawwannaafi yaada kanarraa ijoolleen ganna galaanaa yookaan bishaan humna guddaa qabu waan argataniif dandeettii bishaan daakuu horachuufi gabbifachuuf akka daakaniifi adeemsa kana keessatti warreen ga'umsa daakaa qaban ofii daakanii bashannanuun cinatti warreen hindandeenye akka shaakalsiisaniidha. Bona ammoo ho'a miliquufi bashannaanaaf, akkasumas bishaan humna cimaa waan hinqabnee ijoollee xixiqoon daakaa shaakaluu yeroo itti jalqaban akka ta'etu hubatama. Hurrubummaan yeroo daakaa jirus qaama tapha sanaati. Yeroo ijoolleen bishaanin liqimsaman, ukkaamaman, bishaan walitti facaasanii, bishaan keessatti walgatanii/kuffisanii walitti kolfu, waljajuu, waljajjabeessuufi waloolchuu haalaan mul'ata.

Nyaatni waqtii gannaa ga'uus tapha yeroo kana taphatamuuf sababa ta'uu danda'a. Fakkeenyaa, boqolloo boneen ganna asheeta isaa waadamee, afeelamee yookaan akaa'amee nyaatama. Haaluma kanaan, Aanaa Waayyuu Tuqaa ganda Burqaa Baabbuu mana obbo Ittafaatti gaafa 07/10/2013 galgala daawwannaa taasiseen keessatti ijoolleen isaanii (Gammachuu, Taliilaa, Taliilee (Taliilaafi Taliileen lakkuudha) Caaltuu, Sooromeefi siddiseen) ija boqolloo amma ta'e barruu harkaa keessa dhossanii meeqa akka ta'e akka tilmaaman walgaafachuun tapha meeqoo taphachaa turan. Walumaagalatti, jijjiirama haala qilleensaan walqabatee mul'atu (rooba, qorra), dacheen laafuufi margaa uffachuun, gosti nyaata nyaatamuufi hojii hojjetamuu taphoonni addatti ganna taphataman akka jiraatan taasisa.

**Taphoota Birraa Taphataman**

Waqtii birraa keessa taphoota baay'eetu taphatama. Akka marii garee maaguddotaafi ga'eeyyii magaalaa Haratoo gaafa guyyaa 03/11/2013fi aanaa Giddaa Ayyaanaa gaafa 07/03/2013 taasiserraa hubadheetti, birraan waqtii ganni duumessaan dukkanaa'ee namatti ulfaatu darbee ifni aduu daraaraafi firii biqiltootaan walunee itti mul'atu waan ta'eef barii lafaatti fakkeeffamee gammachuun nama guuta. Kanarraan kan ka'e birraa ijoollee qofa osoo hintaane ga'eeyyii keesumaa immoo dargageessaafi dargageettiyyuu sirbaafi

taphaaf kakaasa. Birraan yeroo bari'u ijoolleen taphoota gosa adda addaa taphatu.

Taphoota yeroo birraa ijoolleen taphatan keessa tokko waldhokachoodha. Taphni kun kuukkuu/akuukkuun jedhamuunis nibeekama. Ijoolleen kaan dhokatanii namni tokko isaan barbaada. Hanga warri dhokatan bakka hinargamne qabatanitti mucaan barbaadee ari'ee qabuuf qophaa'u fuula qabatee dunuunfatee dhaabata. Warri dhokatan erga bakka tolfatanii booda mucaa/mucayyoon qabuuf ari'u ari'uu jalqabuuf "Akuukkuu yookaan kuukkuu/dhufuu" jechuun barbaaduuf qixaa'anii dhokachuusaanii gaafata. Warri dhokatanii jiranii "kuuti/koottu" yemmuu jedhan barbaacha jalqaba. Waqtii birraatti midhaan, margifi biqiltootni lafa uffisaanii nama dhoksuuf mijatoo waan ta'aniif ijoolleen akka garasaanii keessa waldhokataanii taphachuu danda'u.

Midhaanni ganna faca'ee birraa bilchaate bineensota akka qalamee, jaldeessa, booyyeefa'iin akka hinmancaaneef eegamuu qaba. Itti gaafatamummaan midhaan bineensota kanarraa eeguummoo yeroo baay'ee ijoolleef kennama. Kanaaf ijoollee yeroo birraa tapha isaan taphatan keessaa tokko tapha lafa midhaan eeguuti. Taphoonni kun kan itti bineensota kana arraabsan, akka midhaan isaanii hinnyaaneef kan sossobatan fakkeessanii ittiin mukuu ba'anfa'i. Kan ittiin ijoollee akka isaanii midhaan eegaan jiran waamanii ittiin arrabsaa taphatan fa'i. Taphoonni kun bifa weedduun taphatamu. Yeroosaan sagaleesaanii dhageessisanii weeddisan bineensonni kun midhaan bira jiraachuusaanii waan beekaniif itti seenanii hinnyaatani. Fakkeenyaaf, daawwannaa gaafa 04/06/2013 aanaa Gachii ganda Golee Qorraa bakka Jibriiliifi Abdoonfaa midhaan eeganitti Jibriiliifi Abdoon gamaafi gamana midhaan eegaa jiran bira dhaabbatanii akkaataa eeguu isaanii weedduun walqeeqan.

Jibriil: Abdoo gannootee qalameen sijalaan
gad lootee agadaafi boqolloo oromee
xab goote
Abdoo: Jiboo dullattii qalameen gamakeen
mul'attii adda keetti ejjettee
funyaan keetti ejjettee agadaafi
boqolloo cuffatti.

### Taphoota Bona Taphataman

Bonni waqtii roobni hinjirre ta'uusaatiin waqtii gogiinsaati. Kan jiidha yookaan dhoqqee hinqabne ta'uusaatiin ijoollee akka garaasaanii lafa taa'uu danda'u. Kanaaf taphootni lafarra tataa'uun taphatama waqtii kana keessa baay'inaan intaphatamu. Ijoolleen waqtii birraa keessa saddeeqaafi shanee/qellemooshee lafa ga'anii tataa'anii taphatan waqtii bonaa keessas cimsanii taphatu. Taphoonni akka ashagaagiroofi ajeessoo lafa diriirfatanii taa'anii taphatanis waqtii bonaa keessa taphatamu.

Qellemooshee yookaan shaneen tapha dhagaa xixxiqqoo boca babbareedaa (geengoo) qaban shaniin taphatamuudha. Kanaaf bakka tokko tokkotti (Najjoo, Giddaa) shanee jedhamuun waamama. Gaafa 19/05/2013 Jamiilaa Jabal, Moomina Nasiruufi Faaxumaa Nasiruu naannoo mana jireenyaa isaaniitti taphicha lafa walitti naanna'anii taa'aanii utuu taphatanii daawwadheera. Ijoolleen walitti naanna'anii taphatan kun taphicha dabaree dabareedhaan wal harkaa fuudhanii taphataa turan. Yeroo abbaan dabaree dogoggoru (furshaa'u) nama itti aanutu dabaree fudhata. Namni taphicha mo'ate nama isatti aanee taa'ee dabaree irraa fudhaturrattii adabbii lakkoofsisaa deema. Tapha tokko yemmuu mo'u qabxii shantu irratti lakkaa'ama. Namni deddeebi'ee mo'amee adabbii baay'een irra jiru, jabaatee mo'uun adabbii irra jiru galchuu qaba. Akkasiin wal adabaafi waliin galchaa deemanii dhumarrattii namni qabxii guddaan irratti lakkaa'ame mo'ama. Mo'amuu isaarraan kan ka'e "raammoo nyaatta" jedhanii itti kolfu. Tapha ijoolleen kun taphataa turan keessatti tapha jalqabaatiin Faaxumaan raammoo nyaatte jedhanii yemmuu isaan itti kolfan; maaliif akkas jettaniin jedheen gaafadhe. Jamilaan ariifattee "inmo'amtekaa; mo'amnaan raammoo nyaatti" jettee naaf deebifte. Raammoon waan jibbisiisaa waan ta'eef dorgomanii mo'achuu dadhabuu yookaan mo'amuu akka waan jibbisiisaa kana nyaachuutti lakkaa'uu isaaniiti.

Taphni kun toora taphichaa yaadatanii eegaa taphachuu (sadarkaa jalqabaarrattii dhagaa arfan tokko tokkoon funaanuu, lammatarratti dhagaa arfan lama lamaan funaanuu, sadaffaarratti dhagaa arfanuu altakkaan kaasuufi dhumarratti dhagaa shananuu walfaana oldarbuu dugda lamaanirra harkaarratti qabuu), dhagaan oldarbatamee deebi'ee yeroo keessatti dhufu sirriitti tilmaamuun utuunni lafa hinbu'iin dhagaa warraa lafaa fuudhanii deebi'anii walitti qabuu, dhagaa hundaa walfaana oldarbatanii dugdaa harkaa lamanii diriirsanii irratti qabuu danda'uufaa gaafata. Kunimmoo dorgomaa cimaa ta'uuf utuu hindagatiin xiyyeeffannoon taphachuu, taphicha keessatti tilmaama yeroo raawwii danda'uu dirqama ta'uu agarsiisa.

**Taphoota Arfaasaa Taphataman**

Arfaasaa roobni roobuu jalqabuusaatiin margi biqiluufi biqiltoonni latuu jalqabu. Beeladootni, bineeldotniifi ilbiisonni miidhama bonni isaanirra geessiserraa bayyaannachuu jalqabu. Ilbiisonni akka billaachaafaa waqtii arfaasaa baay'inaa dirreerra balali'u. Ijoolleenimmoo ilbiisota kana ari'anii ajjeesuufi yookaan qabanii ballee irraa ciranii balalii dhowwuuf duukaa fiigaa oolu. Tapha kana keessatti dorgommii kan ta'u ilbiisa hangamii ari'anii akka qabaniidha.

Gaafa 02/09/2013 aanaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuutti ijoolleen Tolaa, Nuuraafi Caalaa jedhaman bakka horii tiksanitti tapha isaan boombii adamsaa taphatan daawwadhe keessatti, jalqabarratti boombii gurraacha baalleen ka'u "budaa budaa" jedhanii yeroonni qubatu uleen rukutanii ajeesuuf faana figu. Altokko tokko walfaana tokko duukaa figu. Yeroo tokkoo ol arganimmoo kan ofii ofiisaanii ari'u. Yeroo ajjeesan lakkaa'achaa deemu. Namni boombii baay'ee ajjeese akka goota cimaatti ilaalamee akka mo'atetti saadama.

Tapha kana keessatti maaliif budaa akka jedhanii adamsan gaafannaan Caalaan boombii ajjeesee lafa jiru natti agarsiisaa "kunoo ijashee inagartanii akkasheen fokkistu, horii keenya nyaachuu dhufte, fuutuu wayitii barristee dhuftee horii dhorti kanaaf ajjeesna" naan jedhe. Kunis kan agarsiisuu ijoolleen boombii akka uumama badaa horii miidhuutti lakkaa'anii akka dhabamsiisuuf ari'aniidha.

**ii. Bakkeen Taphaa**

Taphni qaama jiruufi jireenya ijoollee waan ta'eef, bakkeen itti ijoolleen jiruufi jireenya geggeesuuf seenan hunda taphni nijiraata. Jiruufi jireenyi kunimmoo walitti dhufeenya ga'eeyyii wajjiniifi walii isaanii gidduutti taasifamu of keessaa qaba. Walitti dhufeenyi ga'eeyyii wajjinii qooda hojii ga'eeyyiirraa dhufu akka qooddataniifi achi keessatti akka to'ataman kangodhu yoota'u, kan waliisaanii gidduu garuu ga'ee itti gaafatamummaa hordofsiisu kan hinqabneedha. Kanaaf, ijoolleen bakkeen gahee ga'eeyyiirraa qooddatan itti raawwataniifi sanarraa bilisa ta'e keessa jiraatu jechuudha. Kun immoo bakkeen itti hojii hojjetaniifi hojiirraa walaba ta'e akka qabaachuu danda'an agarsiisa.

Ijoolleen bakkeen hojii keessatti hojjetan keessattis ta'e hojiirraa walaba ta'an keessattis nitaphatu. Bakkeen hojii hojjetan keessatti hojicha taphaaf mijeeffachuun, yeroo taphaaf ta'u hambifachuun yookaan yeroo boqonnaa qabaatanitti taphatu. Yeroo hojiif mijataa hintaane bakki ijoolleen turan akka bakka taphaatti isaan tajaajila. Kana malees, ijoolleen yeroo hojiirra bilisaa ta'e yeroo qabaatanitti bakkeen itti dabarsan adda addaa qabaatu. Kanaaf, ijoolleen bakkeen hojii, turtii yookaan boqonnaafi bakkeen taphumaaf hafan fa'itti taphatu.

**a. Bakkeen hojii akka bakkeen taphaatti**

Turteen dirree qorannoo keessatti taasiseen hojiin ijoolleen Oromoo Maccaa hojjetan irra caalaansaa barnoota barachuufi maatii hojii gargaaruudha. Bakkeen hojiilee kana hojjetanitti yeroo boqonnaa qabaataniifi hojichuma hojjechaa taphachuu danda'u. Bakkeen kunis manneen barnootaa, naannoo manaa, bakkeen tikaa, bakkeen eeguu midhaaniifi lagni qoraanii fa'i.

**Manneen Barumsaa**

Ijoolleen barnoota barachuuf bakkeen adda addarraa walitti dhufu. Daawwannaan manneen barnootaa Ejeree sadarkaa 1ffaa, mana barumsaa Gachii sadarkaa tokkoffaa, mana barumsaa sadarkaa 1ffaa Ulaa Jimmaafi mana barumsaa sadarkaa 1ffaa Burqaa Baabbuu taasiseefi afgaaffii barattootaafi barsiisota waliin taasiserraa ijoolleen daree keessattiifi dirreerratti akka qaama barnootaattiifi dareen alatti yeroo boqonnaa akka bohaartiitti taphoota adda addaa akka taphatan hubadheera. Afgaaffiin barsiisaa Addisuu, Barsiisaa Fufaafi Barsiistuu Almaaz waliin taasisee, ijoolleen manneen barumsaa isaanitti barnoota Afaan Oromoo keessatti taphoota ijoollee warreen hibboo, Oduu durii, sheekkoowwan, faaruuleefi sirboota addaa addaa akka qaama afoolaatti akka baratan agarsiisa.

Mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Ulaa Jimmaatti gaafa 15/05/2013 barattootni kutaa lammaffaa barnoota ispoortiif dirreetti ba'anii barsiistuun isaanii "Asiin na baasii" akka taphatan ajajje. Haaluma ajajamaniin, taphicha ijoolleen baay'atanii harka walqabachuun geegoo uumuun, namni tokko geengoo sana keessa seenee bakka isaan harka walqabatan, barruu isaa lamaan walitti qadaaduun rukutaa gidduu naanna'ee "Asii na baasaa" jechuu jalqabe.

Asiin nabaasaa
Sibaasnuu
Asiinoo?

Sibaasnuu jennaan bakka ijoolleen harka walqabatan gidduu rurrukutaa erga naanna'aa ture booda, "Biddeen naa kennaa" jechuun gaafachaa naanna'uu itti fufe. Isaanimmoo 'hinjiru' jedhuun. Utuma naanna'uu kanneen dagatanii dhaabbatan argatee harka isaanii rukutee gargar baasuun fiigee marsaa sana keessaa ba'e. Yeroo kana hunduu qabuuf faana fiige. Baqatee baqatee utuu hinqabamin bakka ka'etti deebi'e. Kun ta'uusaatiin mo'ataa ta'e. Mo'achuusaatiin mucichi ammas deebi'ee geengoo sana keessa seenee taphicha taphachiisuu eegale. Achii booda marsaa itti aanutti yeroo cabsee ba'u ari'amee qabamee dabaree mucayyoo isa qabdeef dabarse. As keessatti ijoolleen jabeessanii walqabanii karaa ba'aa dhowwachuu, rukutanii harka gargar baasanii cabsanii ba'uu, ari'anii qabuufi miliquun barnoota ispoortii keessatti qaamaa jabeeffatu jechuudha. Walumaagalatti ragaalee kun mana barumsaatti ijoolleen daree keessaafi alatti taphoota adda addaa kaayyoolee adda addaaf akka taphatan agarsiisa.

**Manaa keessaafi Naannoo Manaa**

Oromoo Maccaa keessatti ijoolleen durbaafi xixiqqoon manarraa fagaatanii baay'ee hindeeman. Ijoolleen durbaa naannootii wal waamanii baayyatanii qoraan cabsuufi bishaan

waraabuu laga indeemu. Yeroo kaan garuu manuma hojii mana keessaa hojjechaa ijoolleen xixiqqoonimmoo mana eegaa naannoo manaa taphatu. Galgala galgala manatti garuu yoo hojii mana keessaa fixan ijoollee dhiiraa guyyaa bakkee oolanifi daa'imman xixiqqoo tarii ga'eeyyiis dabalatee waliin nitaphatu.

Itti gaafatamummaa ga'eeyyiin ijoolleef kennan keessaa tokko mana eeguudha. Naannoo qe'eetti ijoolleen itti gaafatamummaa kana ba'aa taphatu. Marii garee gaafa 22/09/2013 aanaa Najjootti taasisne keessatti aadde Dammeen dhimmaa kana "ijoolleen jabbiifi hoolaa tiksuuf hingeenye; ergaa dhaquu hindandeenye, mana bira teessee taphashee taphachaa mana eegdi. Amma walirra jirtutti waliishees waleegdi. Kanaa gootee gatii buddeenaa baafti" jedhan. Kanaaf, joolleen naannoo qe'eetti taphattu yeroo baay'ee warreen umrii xixxiqqoo waggaa afuriifi isaa gadiiti. Sababiinsaas ijoollee kunneen warreen mana barumsaa hingalle, hojii manarraa fagoo (fkn horii tiksuu, midhaan eeguu, qoraan funaanuufaa) hojjechuu hindandeenyeefi ergaa ergamuuf hingeenye waan ta'aniif naannoo manarraa akka hinfagaannee taasifamanii achumatti taphatu.

Ijoolleen maatii tokkoo qofti mana eegaa waliin mana isaanii biratti taphachuu danda'u. Manneen ollaan ta'an yoo jiraatanimmoo ijoolleen sun mana abba tokkoo biratti yookaan gidduu keessatti walitti dhufanii taphachuu danda'u. Taphoonni ijoolleen mana eegaa taphatan qellemooshee/shanee, qodaqodee, waldhikachoo/akuukkuu, abbaa manaa haadha manaa fa'i. Taphoonni kun irra caalaatti taphoota cimina qaamaa hingaafanneefi akkeessaa ta'aniidha (mukeen, dhagaa, moofaa mi'a mana keessa/qodaatti fakkeessuu, qooda abbaa, haadha, obboleessaafi obboleetti taphachuu).

Taphoota ijoolleen naannoo manaatti utuu taphatanii daawwadhe keessaa tokko 'ihii yaa himuukoo' dha. Gaafa 24/09/2013 ijoolleen obbo Fidaa (siifanfi Mo'aa)fi Nagaash (Carraafi Latii) mana biraa (ollaadha) utuu waliin taphatanii daawwadhe keessatti Latii didaa yeroo dhufu Siifan, Mo'aafi Carraan (yeroon dhaqu sadii ta'anii turan) bifa faaruutii harka walitti rukutaa itti wacuutti ka'an. Walfaana irra deddeebi'anii:

Ihii ya himuukoo
Mana duuba taa'ii
Buna naa danfisii jechuu jalqaban

Latiinimmoo "maa'inni, maalan godhe; maal himtu" jedhee gaafannaan, Carraan dafee "mana biraa hindeemin isin jedhanii hindeemnee eessaa dhufta?" jedhe. Ammas achumaan walfaana faaruu sana ija ijasaa keessa ilaalaa jechuu jalqaban. Latiin akka dallanuu ta'ee "dhimma keessan himaa, eessan

dhaqe anoo asuman oole" jedhe. Kanarraa wanti hubatamu ijoolleen kun ajaja mana biraa hindeemnaa jedhamee itti kenname cichaanii akka eeganiidha. Nama ajaja sanarra darbes himuun akka saaxilaniidha. Gocha himanii saaxiluu kana "himuukoo" jedhanii wanta gochuu qaban ta'uu jabeessaanii waamu. Asirraa ijoolleen itti fayyadama afaanii kan ofiisanii akka qabantu hubatama. Gochi sun akka duraa hinbannee mana duuba kaa'anii qophiidhaan (buna danfisanii) akka himuuf qophaa'an agarsiisu faaruu sanaan. Kunis ijoolleen tapha kanaan hojicha (mana eeguu) keessatti tooftaa ofiisaaniin akka wal to'atan mul'isa.

**Bakkeen Eeguu midhaanii**

Oromoon Maccaa horii horsiisuutti dabalataan qonna midhaaniitiinis nibeekama. Midhaan qotamu bineensotaafi horiin mancaa'uu danda'a. Horiin tikee waan qabaniif akka isaan midhaan hinnyaanneef isaatu eega. Bineensota bosonaa warreen akka qalamee, jaldeessaa, booyyeefi simbiraa fa'irraammoo ijoolleetu midhaan sana bira taa'anii gamtaan yookaan dhuunfaan eega. Gaafa guyyaa 17/02/2013 aanaa Giddaa Ayyaanaa ganda Ejereetti daawwannaan taasiseen mucaa Gammadaa jedhamu naannoo manasaanii boqolloofi bisingaa walbira faca'ee jiru eegaa ture.

Guyyaa sana utuun darbaa jiruu qarqara midhaanii dhaabbatee sagalee mucaa wacuu dhaga'een itti gore. "Qabi, qabi, buchii buchii…". Yeroon itti dhihaadhummoo bifa weedduutiin:

Ash qamalee
Ash morowwaa
Beelli hinjiruu
Quufa malee
Qamuu qamuu dooyyoo
Obboleettii roorroo
Boqolloon koo mataa duraa
Agadaan koos karaa duraa
Yoo ati nyaatte garaa kee muraa
jedha.

Yeroon bira ga'u Gammadaan walbaree maaliif waccita jedhee gaafannan, "qamaleen midhaanirraa oofa" naan jedhe. Gammadaan qabi qabi jedhee saree (buchii) qamalee erga ariisisee booda deemaa jiraachuu mirkaneeffatee midhaansaa nyaachuu akka hindandeenye bifa garaa gubuu fakkaatuun weeddisaa itti mukuu ba'a. Weedduunsaa kan nama biraa nyaattee quuftetta kankoommoo karaa dura jira itti roorrisuuf sii hinmijatu, yoo ta'es sii hinsifa'u, garaa si muraa jechaa ijaa geggeessa. Weedduun kun akkanni hinmokoofneefi xiyyeeffannoon isaa qamalee irraa akka hinfagaanne taasisa. Qamaleenis sagalee sana dhaggeessee namni jiraachuu waan bartuus miliqxee seenullee sodaattee darbiti. Kanaaf bakka midhaan eeganitti ijoollee taphoota dammaqanii midhaan akka

eegan isaan taasisan taphachuun bakkichi bakkeen taphaa keessaa tokko taasisa.

**Bakkeen Tikaa**

Hojii ijoolleen Oromoo Maccaa maatii gargaaran keessaa tokko horii tiksuudha. Bakki tikaa kun bakka lafa bal'aafi hojii ga'eeyyiin itti hinhirmaanne waan ta'eef, ijoollee horiisaanii tiksaa daangaa malee taphatu. Ragaaleen daawwannan dirree qorrannookoo keessaa bakkeen tikaatii sassaabee xiinxale taphoonni bakkeen kanatti taphataman kunuunsa yookaan eegumsa horii sanaatiif wantoota isaan raawwatan, jaalala isaan horii sanaaf qabaniifi hariiroo ijoollee sana gidduutti uumamu fa'iin akka walqabatu agarsiisa. Fakkeenyaaf, ijoollee aanaa Wayyuu Tuqaa ganda Burqaa Baabbuutti gaafa 15/11/2013 horii waliin tiksaan turan keessaa Mitikkuufi Dabalaa "kankootu caala, kankootu caala" jechuun korommii karra saanii keessaa jiran walhaasisuuf walitti naquu jalqaban. Kormi Dabalaa, Daalachoon (maqaa kormichaati), harkaan lafa haadhee, boorratee gaafan qotee darbachaa xirqanee barooduun jalqabbii taphichaaf sababa ta'e. Haala kormichaa ilaaltu Mitikkuun "isa kun lafa cirtu kana diimaankoo lafatti ishee dabalaam" jedhe. Kana dhageenyaan Dabalaan "dhaqi fidi akka lafatti dabalu sii ilaalla" jedhe. Kanumaan "dhaqi fidi, dhaqi fidi" waliin jedhanii walhaasisuuf korma ofii ofiisaanii fiduuf qajeela. Dabalaan "hirrii Daallee daallachakoo" jechaa yemmuu fidu Mitikkuun "hirri diimaa kormako" jechaa fide. "Hirrii" jechuun qabii loli jechuudha. Yeroo korommii waliin gaararanii lafa qotanii bokkisanii qabatanii walha'uu jalqaban, korommiifi jibooti kan biroo kanfedhan tumsanii walmoosisuuf kara karaa baroodaa, xirqanaa, lafa qotaa yemmuu dhufan, ijoolleen hundumtuu irraa dhowwanii warra wal ha'u daawwachuu itti fufan. Dabalaafi Mitikkuun daawwannaarra kan darbe gara korommii sun wal naannessanitti naanna'anii kan ofii ofiisaanii deggeru. Wal'aansoo korrommii isaanii gidduutti ta'aa jiru akka waan isaan gidduutti taa'aa jirtuutti ilaalu. Kanarraa ijoollee tikeen kun horii tiksaniif marartee guddaa akka qabaniifi hammam akkasaan ofitti dhiheessanii ilaalantu hubatama. Walumaagalatti, taphoonnii bakkeen tikaatti taphataman jiraachuusaaniirraan kan ka'e bakkeen tikaa bakkeen tapha ijoollee keessaa tokko jechuudha.

**Laga Qoraanii**

Ijoolleen shamarranii umriifi qaamaan jabaataa yeroo dhufan akka naannoo jiraataniin walitti dhufanii waaree boodaa (naannoo sa'a kudhanii jalqabanii) laga bu'anii qoraan funaanu. Daawwannaan dirree qorannoo keessatti taasiserraa ijoolleen dubaraa laga bu'aanii qoraan kan funaanan umrii 12-15 gidduutti warra argamaniidha. Gaafa

10/06/2013 ijoollee durbaa Gachii ganda Golee Qorraa dachaa bunaa iddoo jedhamuu qoraan funaanuuf yaa'an argee eyyama isaanii ergan argadhee boodha jalqabaa hanga funaananii galanitti daawwadheera. Gaafas ijoolleen waliin qoraan deeman Amaluu, Maabraatee, Kaatimaa, Maskaramfi Abaabilee turan. Yeroo laga bu'an funyoo ittiin qoraan hidhatanii galaniin utaalchoo funyoo taphachaa deemaa turan. Kaansaanii qofa qofaatti funyoo ofiitiin taphatu. Kaan isaaniimmoo tokko nama lamaan walii qabanii namni tokko yookaan lama gidduu seenee utaala. Erga laga ga'anii booda qoraan funaanuu jalqaban. Yeroo qoraan funaanan wal waamaa wacaafi kolfaa funaanu. Achiimoo weedduu waljalaa qabaa weeddisu. Weedduu isaan weeddisan keessaa tokko kan kanaa gadii ture.

Asan garagale masii namaa
Achan garagale masii namaa
Wayyoo
Keessa ba'ee dhufuuf nan qabama
Keessa ba'ii kottu nan farramaa
Wayyoo
Ya sangaa Wadajoo
maasii namaa
ya bokkisa loonii
maasii namaa
Anaaf siti as oolaa
maasii namaa
Na doorsisaa ooli
maasii namaa

__________

Ijoolleen Zagayyee
maasii namaa
Warraanatte booyyee
maasii namaa
Ijoollee na gootee
maasii namaa
Nadhaabbattee booddee
maasii namaa

__________

Budaan budaa hinnyaattuu
maasii namaa
Yoo buchullaa malee
maasii namaa
Eessa natuffattee
maasii namaa
Yoo mucummaa malee
maasii namaa

__________

Ach adeemeen dhufaa
maasii namaa
Mana Shoroo hindarbu
maasii namaa
Na dhahee fooliinkee
maasii namaa
Akka hinsoosoo garbuu
maasii namaa

"Asan garagalee, achan garagale…" kan jedhu hunda isaaniiti walfaana jedha. Gidduu gidduutti namni tokko yookaan lamammoo "wayyoo" jedha. Yeroo namni tokko dhahu warri kaanimmoo "maasii namaa" jedhanii jalqabu. Walumaagalattii weedduu sun bakki qoraan funaansaa maasii nama dhuunfaa akka hintaaneefi bakka waloon hawaasichi qabu ta'uu mul'isa. Bakka ga'eeyyiin dhimma itti hinbaane fayyadamuun ijoollee kun yaada Chudacoff (2007, f.4)n ijoolleen baadiyyaa iddoowwan ga'eeyyiin hojiirra hinoolle

warreen akka lafa tabbaa, bosonafaa, akka bakka ofiisaaniitti lakka'uun taphaaf oolfatu jedhuun walfakkaata. Bakka kanattimmoo ga'eeyyiin akka argan hinmul'atan. Kanaaf ijoolleen walabummaan miira isaanii bakkatti ibsataniidha jechuudha. Kanaaf maasii isa kan nama dhuunfaa keessa darbii iddoo walabaa kana kottu itti gaafatamummaasaa naan fudhadhatii (nan farrama) jechuun dargageessa afeeru. "Anaafi sito as oolaa, kottu nadoorsisaa ooli" kan jedhummoo ga'eeyyii bakka sana jiraachuu dhabuufi shamarran kun sadarkaa dargagummaa ga'anii jaala yookaan hiriyyaa dhiiraa kan hinqabataniifi gara sanatti deemuuf gaafatamuu fedhaa jiraachuutu hubatama. Dargageessi ijoollee taasisee ilaaluun xiyyeeffannoo kennuufi dhabuus bifa komiitiin "eessa na tuffatte yoo mucummaa malee…" jechuun ibsatu. Laga qoraaniitti ijoolleen durbaa tapha adda addaa taphachuun taphaaf yoomessa bakka keessaa tokko ta'uusaa agarsiisa.

**Bakkeen Taphaaf addatti Hafan**

Ijoolleen Oromoo Maccaa keesumaa warreen magaalaa keessa jiraatan yeroo irraa hafaa tapha qofaaf oolfatan niqabu. Yeroo akkasii ijoolleen itti gaafatamummaa kan biroorraa walaba ta'anii taphatu. Taphoota akkasiif immoo bakkeen wayii qabaatu. Kunis dirreewwaniifi naannoo manneen jireenyaa ta'uu danda'a.

Daawwannaa guyyoota 13-27/02/2013 magaalaa Giddaatti taasise bakkeen ijoollee tapha qofaaf itti walga'an akka jiru agarsiisa. Magaalaa Giddaa ganda 01 keessa bakka itti ijoolleen waaree booda sa'a 10 kaasanii itti walga'anii akka akka umriifi walitti dhufeenya isaanin taphoota adda addaa taphatan nijira. Kana malees, guyyaa roobiifi jimaataa istaadiyoom magaalichaatti taphni kubbaa dhaabbataan waan geggeeffamuuf ijoolleenis bakka taphaa ganda 01 keessa jiru hafanii maqaa daawwannaa kubbaatiin achi deemu. Istaadiyoomichatti garuu tapha kubbaa warri gurguddaan taphatan daawwachuu caalaa ijoolleen tapha adda addaa (walari'oo, waldhiitichoo, wal'aansoofaa) kan ofiisaanii taphatu. Magaaluma kana keessa qarqara karaa kaabaa dhihaan lagni Waajjaa jedhamu nijira. Ijoolleen magaalichaa irra caalaa guyyaa dilbataa waaree booda bishaan daakuuf walitti yaa'u. Bishaan daakuun alattis taphoota kan biroo kanneen akka walari'oo, dhiitichoo, wal'aansoofaa nitaphatu. Bakkeen kana hunda itti gaafatamummaa kan biroorraa walaba ta'anii taphuma qofaaf deemu. Tapharraa kan hafe hojiin kanbiraan achitti adeemsifamu hinjiru. Magaalaa Haratoo ganda 01 keessammoo manneen gandaa dudulloomoo ijaaramanii jiran gidduutti dirree xiqqoo duwwaa jirurratti ijoolleen xixiqqoon yaa'anii ajeessoo, kuukkuu, walari'oo ditichoofaa

taphatu. Walumaagalatti, bakkeen taphuma qofaa deeman taphatan niqabu. Kanaaf, taphni ijoollee bakkeen taphuma qofaa adda ba'anii jiranittis nitaphatama jechuudha.

**Goolaba**

Ijoolleen akka garee hawaasaatti akkaataa jireenya ofiisaanii qabu. Kunimmoo itti gaafatamummaa isaan ba'uu qabanin dabaalama. Raawwii kanaammoo hariiroo ga'eeyyiifi waliisaanii waliin qabaatanirraa adda ba'uu hindanda'u. Hariiroo ga'eeyyii waliin qaban yookaan qabaatan keessatti, itti gaafatamummaan isaan fudhatan yeroo baay'ee gahee isaan akka ijoolleetti dhuunfaafi waliin ba'achuu barbaadanirratti dhiibbaa qabaata. Kana jechuun qooda ga'eeyyiin bifa hojiin isaanii qoodan tapha ijoolleen dhuunfaafi waliin akka qaama jireenyasaaniitti xiyyeeffatanirratti dhiibbaa geessisa jechuudha. Kana waldandeessisanii jiraachuuf ijoolleen qooda ga'eeyyiin irraa eegan ba'achaafi sanarraa walaba ta'aanii taphachuu akka qaama jireenya ofiitti ilaalanii jiraatu. Kanaaf, ijoolleen yoomessa ga'eeyyii waliin qooddataniifi qofaatti qabaatan taphaaf mijeeffachuun itti gargaaramu. Yoomessi ijoolleen keessatti taphatan kun bu'uuran yoomessa bakkaafi yeroo qabaachuun adda ba'ee hubatame.

Yoomessi akka yeroo tapha ijoolleetti guyyaa keessatti yeroo isaan taphaaf oolfataniifi waqtiilee adda addaan walqabatee taphoota addaa addaaf yeroosaan qabaataniidha. Taphoonni ijoolleen guyyaa guyyaa taphatan irra caalaan warreen hojii utuu hojjetanii taphataniifi altokko tokkommoo ijoolleen yeroo hojii ala taphaaf oolfatan qabaatanii, keesumaa magaalaa keessatti, taphataniidha. Yeroon taphaa akka qaama hojiitti, yeroo hojii hojjetan akka hinmukoofneef, hojii hojjetan keessatti dammaqiinsa, kaka'umsa horachuuf, ijoollee hojii walfakkaataarratti adda addatti waliin bobba'an walii walqunnamtii uummachuuf, akkasumas, yeroon hojii sun daddafee akka deemuuf barbaadan adeemsa hojii keessatti yeroo taphaaf qabaatan ilaallata. Hojii hojjetan keessatti yeroo boqonnaa qabataniifi yeroo hojiif kennameefirraas hambifatanii ijoolleen yeroo taphaa niqabaatu. Galgala galgala ijoolleen hojii guyyaa hojjetaa oolanirraa walaba ta'anii waliin bakka ga'eeyyii jiranittis, waarisiifanna, boqonnaafi boohartiif nitaphatu. Kun beekamtiifi eyyama ga'eeyyii jalatti kan taphatamuudha. Waqtiileen waggaa akka qaama yeroo taphaatti jijjiiramoota haala qilleensaafi naannoo waliin walqabatee taphoota dhufanii darban taphachuuf yeroo ijoolleen qabaatan ilaallata. Haaluma kanaan, bona, arfaasaa, gannaafi birraa keessatti taphoonni taphataman adda addummaa

qabaachuun taphaaf yeroo adda addaa ta’uusaanii agarsiisa.

Bakki akka yoomessa tapha ijoolleetti iddoowwan ijoolleen itti taphatan wajjin kan walqabatuudha. Kunis bakkeen hojii, bakkeen turtii yookaan boqonnaafi bakkeen taphaaf addatti hafaniidha. Bakkeen hojii akka yoomessa bakka ijoolleetii bakkeen itti ijoolleeni qooda hojii isaanii qoodame hojjechaa itti taphatan hunda hammata. Isaanis manneen barumsaa, bakka tikaa, bakka midhaan eeguu, laga qoraanii, laga bishaanii, manaafi naannoo manaati. Manaafi naannoon manaa bakkeen itti ijoolleen hojii hojjechaas ta’e hojiirraa walaba ta’anii itti taphachuu danda’aniidha. Ijoolleen durbaafi ijoollee xixxiqqoof yeroo baay’ee hojii naannoo manaafi mana keessaatu kennama. Kanaafi bakki kun isaaniifi bakka itti hojjechaa taphatan ta’uu danda’a. Manneen barumsaatti yeroo boqonnaafi barnootaan ala ijoolleen mooraa mana barumsaa keessaafi dirree kubbaafaa akka turaniifi boqotan yemmuu ta’u, ijoolleenimmoo bakkeen kanatti taphaan boqotu. Kana malees, bakkeen addatti tapha ijoollee qofaaf naannoo keessatti hafan jiru. Fakkeenyaaf, dirreewwaniifi bakkeen naannoo qe’ee waliin jireenyaatti tapha ijoolleef hafaniifi lageen itti ijoolleen taphoota adda addaa taphataniifi daakaafaa qofaaf deeman kan keessatti hammatamu. Walumaagalatti, ijoolleen yoomessa adda addaa keessatti taphoota adda addaa akkaataa adda addaa taphachaa jiraatu.

**Wabiilee**

Bronner, S. J. (1988). *American Children's Folklore*. New York: August House Inc,

Brewer, J. (2000). *Ethnography*. Philadelphia, Buckingham. Open University Press

Chudacoff, H. P. (2007). *Children at Play*: *An American History.* New York and London. New York University Press.

Cieślikowski, J. (2019). Children’s Folklore. Filipenko’s, 9. (2019). DOI: 10.23817.9-29

Dejene Gemechu. (2014). Oral text in cultural and natural context: Riddles among the Walisoo Liiban Oromo. Ethiop.j.soc. lang. stud. 1(1), PP, 41-62.

Eder, D. (2010). Life Lessons through Story Telling: Children’s Explorations of Ethics. Bloomington: Indiana University Press,

Finnegan, R. (1967). *Limba Stories and Story-Telling.* Oxford: Oxford University Press.

Gosso, Y. (2010). *Play in Different Cultures*. In Smith.Peter K., Children and Play (pp.80- 98) UK: Blackwell Publishing.

Gougoulis. C.G. (2003). *The Material Culture of Children’s Play*: Space, Toys and Commoditization of Childhood in Greek Community. PhD Dissertation. University College London.

Grider, S. A. (1980). *The Study of Children's Folklore*. Western Folklore, 39(3), Children's Folklore, pp. 159-169. Western States Folklore Society. Stable URL: http://www.jstor.org/stable/1499798. Accessed: 29/05/2010 11:33

James, A., and Prout, A. (1997). Constructing and Reconstructing Childhood: Contemporary Issues in the Sociological Study of Childhood (edition). London & Washington. Falmer Press.

Kuyvenhoven, Jo. (2007). 'What Happens Inside Your Head When You Are Listening to a Story? Children Talk about Their Experience during a Storytelling'. Storytelling, Self, Society: An Interdisciplinary Journal of Storytelling Studies 3(2): 95–114.

Mechling, J. (1996). "Children's Folklore." In *Folk Groups and Folklore Genres: An Introduction*, edited by Elliott Oring, 91-120. Logan, Utah: Utah State U P.

Norozi, A. S., & Moen, T. (2016). Childhood as a Social Construction. *Journal of Educational and Social Research, 6(2), 75-80.*

Plastow, M.G. (2015). WHAT IS A CHILD? Childhood, Psychoanalysis, and Discourse. New York. Routledge.

Rasmussen, K. (2004). Places for Children – Children's Places. *Childhood.* 11(2): 155–173.www.sagepublications.com. 10.1177/0907568204043053

Sims, M. C., and Stephens, M. (2005). Living Folklore: An Introduction to the Study of People and Their Traditions. Utah: Utah State University Press.

Smith, K. P. (2010). Children and play. Wiley Blackwell.

Tadesse Jaleta. (2011). "Children as Interpreters of Culture: Producing Meanings from Folktales in Southern Ethiopia." Journal of Folklore Research 48 (3): 269–292.

Tadesse Jaleta. (2013). Children and Oral Tradition Among the Guji-Oromo in Southern Ethiopia. Thesis for the degree of Philosophies. Trondheim. Norwegian University of Science and Technology.

Tadesse Jaleta. (2014). Positive parenting: An ethnographic study of storytelling for socialization of children in Ethiopia. Storytelling, Self, Society 10(2): 15–33.

Tadesse Jaleta. (2018). The cultural spaces of young children: Care, play and learning patterns in early childhood among the Guji people of Ethiopia. Global Studies of Childhood 2019, 9(1) 42–55.

Tucker, E. (2008). *Children`s Folklore: A Handbook*. New York: Greenwoods Publishing Group.

Tucker, E. (2012). Changing Concepts of Childhood: Children’s Folklore Scholarship for Nineteenth Century. Journal of American Folklore 125(498). 389-410.